# Abbaan warqii fi meetii kan waan irraa kaffaluun dirqama ta'e kan hin kaffalle guyyaa Qiyaamaa gabateen ibiddaa isaaf diriirfamu malee hin hafu

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni isaan irratti haa jiraatu- akkana jedhan: «Abbaan warqii fi meetii kan waan irraa kaffaluun dirqama ta'e kan hin kaffalle guyyaa Qiyaamaa gabateen ibiddaa isaaf diriirfamu malee hin hafu, ibidda Jahannam keessatti ishee irratti oo'ifama, cinaachi isaa, addi isaa fi dugdi isaa isheedhaan gubama, yeroo qabbanaa'e hunda deebi'ee isaaf oo'ifama, guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantamatti lakkaa'amu keessatti akkasitti tura, hanga jidduu gabrootatti murtiin godhamee, karaa isaa gara Jannataa ykn gara ibiddaa ta'uu argutti». Yaa Ergamaa Rabbii gaalli hoo jedhame? isaanis ni jedhan: «Abbaan gaalaas haqa ishee kan hin guunne yoo ta'e, haqa ishee irraa guyyaa isheen bishaan dhuuydu aannan ishee elmanii haajamaa obaasuudha, guyyaa qiyaamaa haala isheen guutuu taateen isheef lafa bal'aa irratti diriirfamu malee hin hafu, ishee irraa gaala tokkollee hin dhabu, kophee isheetiin isa irra deemaa afaan isheetin isa ciniinti, Yeroo inni jalqabaa isa bira darbe hundatti inni dhumaa isa irratti deeffama, Guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantama ta'u keessatti akkasitti tura, hanga jidduu gabrootatti murtiin godhamee, karaa isaa gara Jannataa ykn gara ibiddaa ta'uu argutti». Akkana jedhame: Yaa Ergamaa Rabbii horii fi re'een hoo? ni jedhan: «Abbaan horii fi re'ees haqa isii kan hin baafne yoo ta'e, guyyaa qiyaamaa lafa diriiraa ta'e irratti isiif diriirfamu malee hin hafu, wanti irraa hafu tokkos hin jiru, tan gaafa baajii, tan gaafa hin qabnee fi tan gaafni irraa cabe isii keessa hin jirtu, gaafa isiitin isa waraanaa kottee isiitin isa irra ejjatti, yeroo inni jalqabaa isa bira darbe hunda inni dhumaa isa bira gaha, Guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantama ta'e keessatti ta'a, Hanga karaa gara jannataa ykn karaa gara ibiddaatti jedhamee gabroota jiddutti murtiin kennamutti». Akkana jedhame: Yaa Ergamaa Rabbii fardeen hoo? ni jedhan: «Fardeen gosa sadii qabu: Isiin nama tokkoof dilii dha, nama tokkoof ammoo girdoodha, nama tokkoof ammoo mindaa dha, Inni isiin isaaf dilii taate sun, nama na argiif, of tuuluu fi ummata Islaamaa irratti diinummaa isaa ibsuuf isii hidhate, isiin isaaf diliidha. Inni isiin isaaf girdoo, nama karaa Rabbii keessatti isii hidhee, eegasii haqa Rabbii kan dugda isiiti fi gateettii isii keessa jiru kan hin dagatini, isiin isaaf girdoodha. Inni isiin isaaf mindaa taatu ammoo, nama Rabbiif jedhee ummata Islaamaatiif jedhee karaa Rabbii keessatti isii hidhe, kaloo fi chaffee margaa keessa kan dheeddu, marga ykn caffee sana irraa homaa hin nyaattu, lakkoofsa waan isiin nyaattetiin mindaan toltuu isaaf barreeffamu malee hin hafu, lakkoofsa faandoo fi fincaan isiitinis toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, haada isii dheeraa kutuun, gaara tokko ykn lama daftee hin baatu, lakkoofsa faana fi faandoo isiitiin toltuun isaaf

katabamu malee hin hafu, Abbaan ishee laga tokko bira isheen darbee, isheen laga sana irraa hin dhugdu ykn inni ishee obaasuu hin barbaadu, lakkoofsa waan isheen dhugdeetin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- gosoota qabeenyaa fi guyyaa qiyaamaa adabbii warra zakaa isaanii hin kaffalle ibsan, kanneen keessaa: Inni jalqabaa: warqii, meetii fi kan isaan lamaan fakkaatan, kan akka maallaqaa fi meeshaalee daldalaa, kan zakaan isa keessatti dirqama taatee hin kaffalamin, Guyyaan Qiyaamaa yeroo gahe baqfamtee akka bifa gabatetti naqamtee, ibiddi irratti qabsiifamee, abbaan ishee ittiin adabama, cinaachi isaa, addi isaa fi dugdi isaa ittiin gubama, yeroo qabbanaa'e hundatti deebi'ee ho'ifama, Haala gidiraa kanaan, guyyaa qiyaamaa guutuu guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantama ta'u keessatti itti fufa, hanga Rabbiin uumama isaa gidduutti murteessutti, warra Jannataa ykn warra ibiddaa irraa ta'a. Lammaffaan: Abbaa gaalaa kan zakaa fi haqa isaa hin kaffalle, sana keessaa namoota hiyyeessa ta'an irraa nama isheetti dhufuuf aannan elmuudha, Gaalonni kunniin guyyaa qiyaamaa gurguddoo gagabbatoo fi lakkoofsa keessatti kan duraanii caalaa ta'anii fidamanii, abbaan ishee dachii bal'oo wal qixa ta'e irratti isheedhaaf diriirfamee, miilaan isheetin irra deemaa ilkaan isheetin isa ciniinti, Yeroo inni dhumaa isa bira darbu hundatti inni jalqabaa itti deebifama, Haala gidiraa kanaan, guyyaa qiyaamaa guutuu guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantama ta'u keessatti itti fufa, hanga Rabbiin uumama isaa gidduutti murteessutti, warra Jannataa ykn warra ibiddaa irraa ta'a. Sadaffaan: Abbaa horii fi re'eeti -hoola fi re'ee- kan abbaan ishee zakaa ishee keessatti dirqamaa hin kaffalle, guyyaa qiyaamaa osoo homaa irraa hin hir'atin lakkoofsa duraanii caalaa taatee fidamtee, abbaan ishee dachii bal'aa wal qixa ta'e irratti isheedhaaf diriirfama, tan gaafa baajii, tan gaafa hin qabne, tan gaafni irraa cabe ishee keessa hin jirtu, inumaayyuu isheen haala ishee guutuu irratti jirti, gaafa isheetin isa waraanaa, miila isheetin irra deemti, yeroo inni dhumaa bira darbu hundatti inni jalqabaa itti deebifama. Haala gidiraa kanaan, guyyaa qiyaamaa guutuu guyyaa tilmaamni isaa waggaa kuma shantama ta'u keessatti itti fufa, hanga Rabbiin uumama isaa gidduutti murteessutti, warra Jannataa ykn warra ibiddaa irraa ta'a. Afraffaan: Abbootii fardaati, inni gosa sadiitti qoodama: Tokkoffaan: Isa namichaatti dilii ta'u, kunis nama na argiif, of tuuluu fi ummata Islaamaa irratti lola labsuuf isa godhate. Lammaffaan: Isa namichaaf girdoo ta'u, kunis Nama karaa Rabbii irratti jihaadaaf farda qopheessee, ergasii tola itti ooluun, nyaataa fi kormaa itti gadi lakkisuu dabalatee waan ishee barbaachisu hunda kan kenneefi. Sadaffaan: Isa namichaaf mindaa ta'u, kunis nama Islaamummaaf karaa Rabbii irratti jihaada gaggeessuuf isa godhate, inni dheeduuf margaa fi caffee keessa oola, lakkoofsa waan inni nyaatetiin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, akkasumas lakkoofsa faandoo fi fincaan isaatin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, inni haada isaa dheeraa ittiin hidhamu kutee, dafee gaara bahee jennaan; lakkoofsa faana fi faandoo isaatin toltuun isaaf barreeffamu malee hin hafu, Abbaan isaa laga bira isaan darbee jennaan bishaan hin dhugu abbaanisa isa obaasuu hin barbaadu, lakkoofsa waan inni dhugeetin isaaf barreeffamu malee hin hafu. Eegasii Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- harreen akka fardaati moo akkamii irraa gaafataman? Akkas jedhan: Aayata fakkaatan ishee xiqqaa tana malee seerri isaaf addatti bu'e hin jiru, isheen kheyrii fi badii irraa gosoota hunda qabatti. Isheen jecha Rabbii ol ta'eeti: {Namni (hanga) madaala atoomii toltuu dalage isa ni argata, namni (hanga) madaala atoomii dalagaa badduu dalagees isa ni argata} [Az-Zalzalah: 8], Harroota horachuu keessatti namni kheyrii hojjate mindaa sanaa ni

argata, yoo badii hojjates adabbii sanaa ni argata, kuni gochoota hunda hammata.

https://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/6611